Mu'uminni haala toluu isaatin sadarkaa nama soomuu fi halkan dhaabbatuutti qaqqaba

Aa'ishaa irraa akka odeeffametti -Rabbi isii irraa haa jaallatu- ni jette: ergamaa Rabbiitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhaga'e: «Mu'uminni haala toluu isaatin sadarkaa nama soomuu fi halkan dhaabbatuutti qaqqaba».

[ragaalee isaatiin sahiiha] [abuu daawudiifii ahmad odeessan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- haala toluun nama haala tole sadarkaa nama guyyaa soomuu fi halkan dhaabbachuu irratti gadi dhaabbateetiin akka nama ga'u ibsani, guduunfaan haala toluu: toltuu hojjachuu, haasaa toluu, fuula ifuu, miidhaa dhiisuu, yeroo namni nama miidhu danda'anii baachuudha.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/5799